

Qajeelfama Calallii fi Raawwii Dhiifama Sirreeffamtoota Seeraa Naannoo Oromiyaa

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa foyya'ee bahe Lakk 46/1994 keewwata 57(3) (I) irratti tumamee jiruun Prezidaantii Bulchinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa dhiifama gochuuf aangoo kan qabu ta'u tumee kan jiru yommuu ta'u, kana hojiitti hiikuuf jecha Bulchinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii lakk 114/1998 baasee jira.

Labsiin kunis Sirni dhiifamaa haala itti fufiinsa, iftoominaa, ittigaafatamummaa qabuu fi hirmaachisaa ta'een hojii irra oolchuuf jecha Boordii dhiifamaa qajeelfama baasuu akka danda'uu tumee waan jiruuf, qajeelfamaa fi calallii raawwii dhiifamaa lakk 5/2009 baasuun kan hojjeecha ture yommuu ta'uu, yeroo ammaa kanatti dhiifama godhamu irra caala bu'a qabeessaa taasisuuf ulaagaa qajeelfama dhiifamaa lakk 5/2009 keessa jiru muraasa isaanii fooyyeessuun barbaachisaa ta'ee waan aragmeef bu'uura labsii Lakk.114/1998 keewwata 6 keewwata xiqqaa (4) tiin Boordii qajeelfama lakk. 6/2010 fooyyeessee baasee jira.

KUTAA TOKKO

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata duree gabaabaa

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Calallii fi Raawwii Dhiifama Sirreeffamtoota Seeraa Fooyya'ee bahe Lakk. 6/2010” jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee qajeelfama kana keessatti:-

- 1) “**Mootummaa**” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 2) “**Naannoo**” jechuun Naannoo Oromiyaati.
- 3) “**Pirezidaantii**” jechuun **Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaati.**
- 4) “**Boordii**” jechuun Boordii Dhiifama Sirreeffamtoota Seeraa Naannoo Oromiyaati.
- 5) “**Koree Calalii**” jechuun koree sadarkaa Godinattii fi Aanaatti hundeeffamee fi sirreeffamtoota seeraa fayyadamtoota dhiifamaa ta'uu dhanda'an akkaataa labsii fi qajeelfamaatiin calalanii yaada murtee Boordiif kan dhiyeessu jechuudha.

- 6) “**Murtii**” jechuun dhimma yakkaatiin adabbii dhumaa, adabbii dabalataa yookiin murtii akeekkachiisaa Mana Murtiitiin Murtaa’ee jechuudha.
- 7) “**Gaaffii dhiifamaa**” jechuun murteen tokko guutumaan guutuutti yookiin gar- tokkeen hafaa akka ta’u gaaffii sirreeffamtoota seeraatiin yookiin haadha warraa, abbaa warraa, fira dhihoo ykn bakka bu’aa sirreeffamtoota tiin akkasumas Biiroo Haqaa Oromiyaa tiin koreef dhiyaatu jechuudha.
- 8) “**Sirreeffamaa seeraa**” jechuun Mana murtii aangoo qabuun yakka ittiin himatameen adabbii dhumaa argatee Mana Sirreessa keessa kan jiruu jechuudha.

3. Kaayyoo

- 1) Sirreeffamtoota seeraa amalaafii naamusa gaarii agarsiisuun yakka raawwatanitti gaabbanii namoota miidhaa irraan gahan wajjiin araaramuudhaan karaa nagaatiin jireenya isaanii gaggeessuufii misooma biyyaa keessatti qooda fudhachuu barbaadan jajjabeessuuf,
- 2) Dhiifamni taasifamu iftoominaa fi qulqullina akka qabaatu gochuuf,
- 3) Calalliifi filannoon dhifama sirreeffamtoota seeraa raawwatamu keessatti gahee koree ifatti tarreessuudhaan itti gaafatamummaa isaanii sirritti akka ba’an taasisuufidha.

4. Daangaa Raawwattiinsa

- 1) Qajeelfamnii kun sirreeffamtoota seeraa Murtii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaatiin itti kennamee Manneen Sirreessaa Naannoo Oromiyaa keessatti argaman hunda irratti raawwattiinsa kan qabaatu ta’a.
- 2) Sirreeffamtoota seeraa Federaalaan ala mana sireessaa naannoo biroo irraa jijjiiraan gara manneen sirreessaa Oromiyaatti dhufanii ulaagaa dhiifama kanaa kan guutan irrattis raawwattiinsa ni qabaata.

KUTAA LAMA

Hundeeffama, Aangoo fi Gahee Hojii Koree

5. Hundeeffama fi Itti Waamamaa Koree

- 1) Koreen calalli sirreeffamtoota seeraa kanaan booda” Koree calallii” jedhamee kan waamamu sadarkaa godinaafi aanaalee manneen sireessaa qaban irratti qajeelfama kanaan hundeeffamee jira.

2) Itti waamamni koree godinaa Boordidhaaf yemmuu ta'u kan aanaa koree godinaaf ta'a.

6. Miseenoota Koree Godinaa

- 1) Itti gaafatamaa Waajjira haqaa -----walitti qabaa,
- 2) Hogganaa Bulchinsa Mana Sirreessaa -----miseensaa fi barreessaa
- 3) Itti Gaafatamaa Bulchinsaa fi Nagenyaa ---- miseensa,
- 4) Hoogganaa Waajjira Poolisii -----miseensa.
- 5) Itti gaafatamaa waajjiraa Faayyaa-----miseensa

7. Aangoo fi Gahee Hojii Koree Godinaa

- 1) Ragaan sirreeffamtoota seeraa akkaataa labsii fi ulaagalee calalli Boordichi baaseen qindaa'uu isaa ni mirkaneeffata.
- 2) Akkaataa labsichaa fi qajeelfama kanaatiin sirreeffamtoota seeraa fayyadamtoota dhiifamaa ta'uu danda'an of-eeggannoo fi qulqullinaan calalee dhiifama keessa akka galan ni taasisa.
- 3) Sirreeffamtoota seeraa dhiifamni taasiifamuuf yeroo turmaata mana sirreessaa keessatti yakka raawwatanitti gaabbaanii naamusa gaarii horachuun sirraa'uu isaanii ni mirkaneeffata.
- 4) Sirreeffamtoota dhiifamni tasiifamuuf nama yookiin maatii miidhaa irraan gahaan wajjin araaramuuf kan fedhii qaban ta'uu isaanii ni mirkaneeffata.
- 5) Ragaa amanamummaa fi qulqullina qabu sirriitti adda baasee Boordichaaf ni dabarsa.
- 6) Sirreeffamtoota seeraa haala addaatiin dhiifamni akka taasifamuuf hayyamameef adda baasuun boordiif ni dhiyeessa.
- 7) Kan koreen aanaa calalee ergeef sirritti calalamuu isaa ni mirkaneeffata,yoo shakkii qabaate qaamaan gadi bu'ee qulqulleessuun kan godinaa wajjin walitti qindeessee Boordiidaaf ni erga.
- 8) Sirreeffamtoota seeraa dhiifamaan bahanii karaa caasaa Poolisii fi bulchiinsaa fi nageenyaa gandaatiin hordofa.
- 9) Dhiifamni sirreeffamtoota seeraa iftoomina akka qabaatuuf Ulaagaaleefi namoota calallii gaggeeffameen fayyadamtoota dhiifamaa ta'an maqaa isaanii ni maxxansa, komiin yoo jiraates dhagahee murtii ni kenna.
- 10) Raawwii hojii isaa ilaalchisee qaamoolee adda addaa irraa dub-deebii fudhachudhaan ni qorata.

11) Hojiiwwaan biroo Boordiidhaan Kennamuuf ni raawwata.

8. Miseensota Koree Aanaa

- 1) Itti Gaafatamaa waajjira haqaaWalitti qabaa
- 2) Hogganaa Bulchiinsa Mana Sirreessaa.....Miseensaa fi barreessaa
- 3) Itti gaafatamaa Bulchiinsaa fi Nageenyaa.....Miseensaa
- 4) Hogganaa Waajjira PoolisiiMiseensa
- 5) Itti gaafatamaa Waajjira FayyaaMiseensa

9. Aangoo fi Gahee Hojii Koree Aanaa

- 1) Ragaan sirreeffamtoota seeraa akkaataa labsiifi ulaagalee calalli Boordichi baaseen qindaa'uu isaa ni mirkaneeffata.
- 2) Akkaataa labsichaa fi qajeelfama kanaatiin sirreeffamtoota seeraa fayyadamtoota dhiifamaa ta'uu danda'an of-eeggannoo fi qulqullinaan calalee dhiifama keessa akka galan ni taasisa..
- 3) Sirreeffamtoota seeraa dhiifamni taasiifamuuf yeroo turmaata mana sirreessaa keessatti yakka raawwatanitti gaabbaanii naamusa gaarii horachuun sirraa'uu isaanii ni mirkaneeffata.
- 4) Murtii fi hoj-maata dhiifamaa haqa qabeessa ta'uu fi dhiisuu isaa qaamolee dhimmi ilaallatuu fi hawaasa wajjiin ni mari'ata.
- 5) Dhiifamni sirreeffamtoota seeraa iftoomina akka qabaatuuf ulaagaaleefi namoota calallii gaggeeffameen fayyadamtoota dhiifamaa ta'an maqaa isaanii ni maxxansa, komiin yoo jiraates dhagahee murtii ni kenna.
- 6) Ragaa amanamummaa fi qulqullina qabu sirritti adda baasee koree godinaaf ni dabarsa.
- 7) Sirreeffamtoota seeraa haala addaatiin dhiifamni akka taasifamuuf hayyamameef adda baasuun koree godinaaf ni dhiyeessa.
- 8) Sirreeffamtoota seeraa dhiifamaan bahan karaa caasaa Poolisiifi Bulchiinsaafi nageenyaa gandaatiin nihordofa.
- 9) Hojiiwwaan biroo koree godinaatiin kennamuuf ni raawwata.

10. Aangoo fi Gahee Hojii Walitti Qabaa Koree

- 1) Walghii korichaa ni waama, ni gaggeessa, ni qindeessa.
- 2) Hojii dhiifamaa ilaalchisee qaamolee dhimmi ilaallatu wajjin walitti dhufeenya ni taasisa, ni mar'achiisa.

- 3) Boordichaaf gabaasa ni dhiyeessa.
- 4) Hojiwwan biroo Boordiin kennamuuf ni raawwata.

11. Gahee Hojii Barreessaa Koree

- 1) Ajandaa walgahii qopheessee walitti qabaaf ni dhiyeessa.
- 2) Qaboo yaa'ii ni qaba.
- 3) Ragaawwan ni qaba, faayiloota ni gurmeessa, gabaasa ni qindeessa.
- 4) Hojiwwaan walitti qabaa korichaatiin kennamuuf ni raawwata.

12. Sirna Walgahii Koree

- 1) Miseensota korichaa keessaa walakkaadhaa ol yoo argaman walgahiin guutuu ta'a.
- 2) Murtiin korichchaa sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggare yaada murtii korichaa ta'a.
- 3) Yaadni addaa walgahii irratti ka'e qaboo yaa'ii keessatti galmaa'ee gabaasaan Boordif ni dhiyaata.
- 4) Waajjirri bulchiinsa manneen sirreessaa godinaa fi aanaa iddoo walgahii korichaa ta'a.

KUTAA SADI

Sirreeffamtoota Seeraa Dhiifamaa Keessatti Hammatamuu qabanii fi hinqabne

13. Qajeeltoowwan Bu'uura

Sirreeffamtoota seeraa dhiifama keessa galchuuf qabxiileen bu'uura armaan gadii dirqama ilaalamuu qabu;

- 1) Sirreeffamtoota seeraa yeroo turmaata mana sirreessaa keessatti gocha yakkaa raawwatanitti gaabbuun amalaa fi naamusa gaarri horachuun isaanii mana sirreessichaan mirkanaa'ee.
- 2) Yakkoota araara gaafatan irratti sirreeffamaa seeraa nama yookin maatii miidhaa irraan gahe wajjin araaramuuf fedha qabu ta'ee araara kana baatii ja'a keessatti raawwachuuf dirqama kan qabu ta'uu isaa mallatteessee bu'uu qaba.
- 3) Sirreeffamtootni seeraa akka dhiifamni godhamuuf barbaadan gaaffii isaanii barreeffamaan koree calalliif dhiyeeffachuu qabu.

14. Sirreeffamtootaa Seeraa Dhiifamni Ilaallatu

- 1) Adabbii hidhaa cimaa umurii guutuu kan ittii murtaa'e keessaa waggaa 13 fi sana ol kan raawwatan,
- 2) Yakka ajjeechaa fi saamichaa itti murtaa'e keessaa walakkaa (1/2) fi sana ol kan raawwatan,
- 3) Yakkoota keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) akkasumas kan dhiifama hinkennisiiifne (keewwata 16) jalatti ibsamaniin alatti adabbii hidhaa salphaa ji'a 3 irraa kaasee hanga hidhaa cimaa waggaa 25 itti murtaa'e keessaa kan (1/4) fi sanaa ol raawwatan.

15. Haala Addaatiin Sirreeffamtoota seeraa Dhiifamni ilaallatu

- 1) Ragaa sobaatiin itti murtaa'uu isaa ragaa qabatamaadhaan kan mirkanaa'e.
- 2) Dubartoota daa'imman qabatanii mana sirreessaa jiran keessaa yakkoota qajeelfama kana keewwata 16(1 fi 2) kan ittii murtaa'een ala adabbii itti murtaa'e keessaa (1/3) kan raawwatan.
- 3) Sirreeffamtoota Seeraa umriin isaanii waggaa 60 fi sanaa oli ta'uun yakkoota qajeelfama kana keewwata 16(1 fi 2) kan itti murtaa'een ala (1/3) kan raawwatanii fi adabbii umurii guutuu kan itti murtaa'e ammoo waggaa 10 fi sanaa ol kan raawwatan ,
- 4) Dhibee hin fayyine kan akka HIV, kaansarii fi dhibee sammuutiin baay'ee dhukubsachuun humna namaatiin kan socho'anii fi adabbii ittii kenname raawwachiisuuf rakkisaa ta'uu isaa ragaa boordii Hospitaalaan yoo deeggaramee dhiyaatee kan keewwata 16(1 fi 2) ala jiran yakkoota birootiin kan adabamanis yoo ta'e dhiifamaaf calalamee dhiyaachuu ni danda'a.
- 5) Dhiifamni waggaatti yeroo lama kan kennamu ta'ullee haala addaatiin pirezidaantiin Naannichaa Koree dhimma sirreeffamtootaa xiinxalu hundeessuun dhiifamaaf calalanii akka dhiyeessan qajeelfama kennuu ni danda'a.

16. Yakkoota dhiifama hin kennisiifnee

- 1) Yakkoota bu'uura Heeraa Mootummaa FDRI fi Naannoo keenyaa Kew. 28tiin dhiifama kennisiisuu hin dandeenye raawwatanii kan adabaman.
- 2) Murtii du'aatiin kan adabaman.
- 3) Dhiifamaan erga bahanii booda yakka kamiyyuu kan raawwaate.
- 4) Sirreeffamtoota seeraa deddeebii'oo (recidivist) ta'an.
- 5) Yakkoota armaan gadii keessatti hirmaatanii adabamuu

- a) Butii, dirqisiisanii gudeeduu, saal-qunnamtii daa'imman dubaraa yokiin dhiiraa irratti raawwachuu,
 - b) Hanna fi dhoksuu,;
 - c) Raga sobaa (bahuu, kennuu, qopheessuu, itti fayyadamuu);
 - d) Malaammaltummaa;
 - e) Godaansa seeraan alaa;
 - f) Kotorobaandii, daldala seeraan alaa
- a) Yakkoota heeraa mootummaa fi sirna heera mootummaa humnaan diiguuf raawwatamu

KUTAA AFUR

Tumaalee Adda Addaa

17. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Qaamni yookiin namni kamiyyuu qajeelfama kana raawwachiisuuf deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

18. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanee

- 1) Qajeelfamni fi barmaatleen hojii qajeelfama kanaan walfaallessan dhimmota qajeelfama kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.
- 2) Qajeelfamni dhifama sirreeffamtoota seeraa **lakk. 5/2009** qajeelfama kanaan haqamee jira

19. Angoo Addaa Pirezidaantiifi Boordichaa

- 1) Pirezidaantiin bulchiinsa mootummaa naannoo oromiyaa nageenya, misoomaafi olaantummaa seeraa naannicha keessatti mirkaneessuf bu'aafi faayidaa guddaa qaba jedhee yeroo itti amane gaaffii dhiifamaa kallattiidhaan dhiyaatuuf boordii dhiifamaa naannichaati qajeelchuudhaan qulqullaa'ee yoo dhiyaateef haala addaatiin utuu yeroo idilee dhiifamaa hineegin yeroo kamiyyuu dhiifama gochuu ni danda'a.
- 2) Boordichi sirreeffamtoota seeraa dhiifamaaf koree calallii godinaatiin filatamanii dhiyaataniif keessaa qajeelfama kana irratti hundaa'udhaan sababni quubsaan yoo jiraate dhiifamicha keessaa hambisuu yookin hammachisuu ni daanda'a.

20. Itti Gaafatamummaa Seeraa

- 1) Koreen murtee waliin dabarsuuf itti gaafatamummaa waliini ni qabaatu.
- 2) Sirreeffamaa seeraa ulaagaalee dhiifamaatiin hammatamuu qabu tokko ta'e jedhee itti yaadee akka keessa hin galle kan taasisee yookin kan dhiifama keessa galuu hin qabne

beekaa karaa seeraan alaatiin kan keessa galcheefi akka keessa galu kantaasise tarkaanfiin bulchiinsaa fi seeraa kan irratti fudhatamu ta'a.

21. Aangoo qajeelfama Fooyyessuu

Boordiin barbaachisaadha jedhee yeroo amanetti qajeelfama kana fooyyessuu ni danda'a.

22. Yeroo Qajeelfamni Kun_Hojii Irra Oolu

Qajeelfamni kun **Amajjii 23 bara 2010** irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a.

Tashoomaa Girmaa

Hoogganaa Biroo Haqaa fi walitti qabaa

Boordii Dhiifamaa Naannoo Oromiyaa

Amajjii bara 2010

Finfinnee